Haasaa Walgahii WAO waame irratti godhame

Caamsaa 29. 2010

MPLS, MN

ABOn kan dihaate

Akkam oolttan?

Hunda dura, qophee kana qindeessee akka irratti argamnnee yaada fi ilaalcha keenya gumaachinu nu afreeruusaaf WAO galateeffachuun fedha. Obboleeyyan waldicha geggeessanis haala gaddisiisaa fi yaaddessaa amma QBO keessa jiru hubatanii qooda saanii gumaachuuf ka'uu saaniif isaanin galateeffadha. Haala amma QBO keessa jiru irratti gadda fi yaaddoo isaan qaban waan isaan wajjin hirmaannuuf har'a asitti argamnne.

Akeekin walgahii kana waamaniif, akka afeerraa nuu ergame irraa hubanetti, Mooraa Qabsoo Bilisummaa Oromoo keessatti araarri bu'ee, qabsa'onni Oromoo humna tokkome fi hogganaa itiitaa jalatti sosso'ani , yaada tokkoon diina irratti xiyyeefatanii bilisummaa sabin Oromoo hawwuun akka ga'an gargaaruuf.

Kan obboleeyyan kun qabsaa'ota Oromoo irraa gaafataa jiran, araaraa, tokkummaa qabsaa'otaa, hooggana ititaa, diina irratti xiyyeeffachuu fi bilisummaa saba keenyaati. Qabsoo keenya keessatti kun hundi gaaffii yeroo ti. Waliigaltee dhabuun waan jiruuf araarri gaaffi yeroo ta'e. Fafaca'iinsi qabsaaota Oromoo waan jiruuf tokkummaan saanii gaaffii jala gale. Qabsichi hooggana ititaa waan dhabeef itituun hoogganaa hawwame. Hunda caalaa, sabin keenya gabrummaa jalatti dararamaa waan jiruuf bilisummaansaa gaaffii belbeltuu yeroo ta'e.

Hara'a mareen asitti goonu egaa rakkoo kana hundaaf furmaata akeekuu qaba jechuu dha.

Ha ta'u malee, hundee rakkoolee kanaa osoo hin beekin furmaata akeekuun hin danda'amu. Osoo danda'ameellee, furmaatin akkasii furmaata waaraa ta'uu hin danda'u. Kanaaf, mareen keenya har'aa hundee dhukkuba kanaa xiinxaluu irraa jalqabuu qaba. Xiinxxalli akkasii ammo dhugaa irratti hundaa'uu barbaada. Kanaaf, hammamille yoo hadhaa'e, dhugaa nutti mul'atu wal dhageessisuun dirqama ta'a.

Akka nuti hubanutti, hundeen rakkoolee kanaa hedduu fi xaxamoo dha. Kaan saanii kan alaa ykn alagaa irraa nutti dhufan. Kaan saanii ammaoo rakkoo keessaati. Har'a, rakkoolee keessaaf hundee kan ta'an qabxii lamatti quba qabuun barbaada,

1. Inni duraa, Qabsaa'ota Oromoo gidduutti akeekin qabsoo ifaa ta'e dhibuu dha. Kana irraan kan ka'e gaaffileen "Oromoon maal barbaadaa?" jedhu fi kan "Akeekin QBO ABOn geggeeffamuu maali inni?" jedhu deddeebi'anii ka'u.
2. Inni lammataa qabsaa'onni akeeka tokkof qabsoofnna jedhan adeemsa qabsoo keessatti rakkoo isaan giduutti dhalatu aadaan ilaa fi ilaameen hiikkachuu dhibuu dha. Kana irraan kan ka'ee, qabsaa'onni kaayyoo tokkoof qabsoofnna jedhan dhaaba siyaasaa addaddaa keessatti gurmaa'anii argamu.

Waliigalteen dhibuu, qabsaa'onni faffaca'uu, hooggana ititaa dhabuu keenya irratti qabxiileen lamaan kun qooda guddaa qabu. Kan dabre irraa waan barachuu fi fuula durattillee kan sadarkaa duraatti sirreeffachuu qabnnu dhimmoota kana lamaan fi kanneen isaanitti rarra'an ta'anii argina.

Mirga ofii falmachuuf qabsoo feesisa. Qabsoon ammoo qabsaa'aa fedha. Qabsa'aan ammo akeeka qabsaa'uuf fedha. Injifannoon tokkummaan gurmaa'anii qabsaa'uu gaafata. Tokkummaan qabsaa'otaa ammo kan irratti hundaa'uu akeeka ykn kaayoo isaan bakkaan ga'uu fedhan irratti. Addemsa qabsoo keessatti ammo rakkoon addaddaa dhalachuun hin hafu. Yoo Aaddaa fi sirnna ittiin rakkoo hiikkatan hin qabaanne tokkummaa gaaga'a, Tokkummaan qabsaa'otaa yeroo laafu, qabsoo gaaga'a.

Kanaaf ragaa guddaan haala amma QBO keessa jiru caale hin jiru. Erga ABOn bara 2001 keessa, adda-addummaa ilaalcha siyaasaa irraan kan ka'e, bakka lamatti baqaqee booda qabsoon bilisummaa Oromoo yeroo dheeraaf yeelalaa dhufee sadarka gaddisiisaa fi yaaddessaa amma jiru irra ga'e.

Jeequmsi baqaqi kun mooraa QBO keessatti uume, mootummaa Wayyaanee caalaatti ija jabeesse. Wayyaaneen, yaaddoo tokko malee roorroo saba keenya irraan ga'u hammeessaa dhuftte. Lafa Oromoo, Oromoo irraa buqqifttee, abba fedhetti gurguruutti bobbaate. Osoo nuti tokkummaan qabsoofnnee irree cimaa qabaannee jirannee warri Wayyanneen itti gurguruu yaaltullee bituu sodaatu turan. Sabin irree cimaa hin qabnne alagaa biratti kabaja hin qabu. Kanaaf, alagaan lafa saba keenyaa akka qircaa gargar hirachaa jira. Irree cimaa dhabuu keenyaaf sababin tokkummaa dhabuu keenya. Tokkummaa kan dhabnneef akeeka qabsoo ititaa dhabuu fi aadaa rakkoo nagaan hiikkachuu dhabuu keenya irraa ti.

Lafa keenya qofa miti; irree cimaa dhabuun keenya nama keenyas gaaga'ama caalaaf saxile. Hidhaa fi dararamnn Wayyaaneen irraan geessu yeroo kamuu caalaa hammaachaa dhufe. Kanneen baqatanii biyyoota ollaa jiranille daangaa dabrtee uukkamsuun mana murtii mataa isheetti dhiheessitee du'a itti muruuf ija jabina kenneef. Osoo qabsaa'onni Oromoo irree cimaa qbanaatanii jraatanii mootummoonni ollaalle nama keenya qabanii diinatti kennuu ni sodaatu turan. Maal goona ree? Nutoo irree cimaa horachuuf tokkummaan sosso'aa hin jirru! Sabin irree cimaa hin qabnnemmoo alagaa biratti kabaja hin qabuu!

Tokkummaan qabsaa'ota Oromoo isheef badiisa akka ta'e waan beekttuuf qabsaa'ota Oromoo gargar eeguun hojii wayyaaneen itti boobbatee keessaa isa guddaa dha. Basaasota addaddummaa keenya xixiqqoo irratti xiyyeeffachuun caalaatti nu diigan hedduu nu keessa bobbaaftte. Ganduummaa, naannummaa fi amantiin gargar nu hirttee walitti nu bobbaasuuf maallaqa hedduu dhangalaaftte. Sobaan wal yakkuu fi wal shakkuun akka nu gidduutti dagaagu halkanii fi guyyaa hojjette. Kana irratti hamma tokko waan milkooftte fakkaata. Osoo tokkummaan qabsaa'ota Oromoo jabaa ta'ee jiraatee qabsoon keenya akkasi diinaa banaa hin ta'u ture.

"Muka kufetti qottotu baayyata" akkuma jedhan, ayyaan-laallattoonni dhalootaan Oromoo ta'an faydaa mataasaanii addaddaan bitamuun diina kanaaf meeshaa ta'anii sabboontota Oromoo afanfaajjeessuu fi abdii kutachiisuu yaaluutti bobba'an. Ayyaan-laallattoonni biyya alaa jiraatan, dhaqanii lafa Oromoo Wayyaneen ittiin deggersa horachuuf jecha hirttu fudhatanii, mana irratti ijaarrachuu jalqabanii, achi as yeroo deebi'an sabin Oromoo hundi jenneta keessa kan jiraatu fakkeessanii ololan baayyetu dhaga'ame. Kanneen achi debi'anii, ija jabina guddaan, walgahii Oromoo irratti "Oromoon extremism saa dheesee centralist ta'uu qaba; Oromoom saboota 33

marfamee waan jiruuf mirgasaa yoo gaafate diina baayyifata" fi kkf jechuun ummaticha sodaachisuun hamilee cabsuu yaalantu dhufe. Kaan saanii yeroosaan haasa'an yoo dhageessan, osoo Wayyanee hin beekttan ta'ee, kan wayyaneen nagaan rakkoo Itoophiyaa fi Oromia gidduu jiru hiikuuf harkashee qabsaa'ota Oromootti ballisaa jirttu fakkeessu. Gaarummaansaa, kan akka wayyaaneen nagaa hin feene hin beeknne hin jiru – yoo faaydaa maataa isaaf jedhee achi ilaale malee!

Kan "Oromoon lafa amma irra jiru saba biraa irraa humnnan fudhate; qormaataan bira geenye" jechuun saba koloneeffatame kana saba koloneeffataa fakkeessanii dhiheessuu barbaadanis dhalatanii jiru. Isaan kun warra afaaniin haasa'anii dhiisan miti, kanneen barnoota baranee qaban jedhaman, kanneen barreessanii diinota Oromoof akka ragaatti dhiisanii dabruu danda'an. Warri kun ayyaan laallattoota yeroo tokkummman qabsaa'otaa jabaa ture, kana gochuu dhiisaati hin yaadinnellee turan. Tokkummaa dhabnne. Kanaaf irree dhabinne. Ayaan-lallattoonni ammo irree malee waan itti amanan hin qaban. Hara'a osoo irree qabaannee jioraannee ayyaan-laallattoonni amma achi dhaabatanii dhagaa as guuran silaa as dhaabatanii achi guru turan.

Tokkummaa dhabuun, irree nu dhorkate. Irree dhabuun keenya saba keenya alagaa biratti kabaja dhabsiise, diina saba keenyaa jabeesse.

Har'a, sabbontonni fi qabsaa'onni Oromoo, sagalee tokkoon, kun nu haa ga'u jechuu qabnna! Kun amma ha dhabbatu jechuu qabnna!

Akkuma WAO xalayaa saanii irratti jedhan, mooraa Qabsoo Bilisummaa Oromoo keessatti araarri bu'uu qaba. Qabsa'onni Oromoo humna tokkome fi hogganaa itiitaa jalatti sosso'uu qabu. Yaada tokkoon diina irratti xiyyeefachuu qabu. Bilisummaa sabin Oromoo hawwuun shaffisuu qabu.

Hawwii kana milkeessuuf:

Dhaabonni siyaasaa Oromoo har'a asitti argaman hundi gaaffii "Oromoon maal barbaadaa" jedhu ifatti deebi'suu qabu. Waan Oromoon barbaadu ilaalchisee firaaf alagaa afanfaajjessuun nu haa ga'u! Har'a kaasee haa dhaabbatu! Gara keenyaan gaafii kanaaf deebiin keenya, Oromoon saba koloneeffatame, saba walabummaa biyyasaa fi bilisummaa sabasaa humnnan sarbame waan ta'eef kan barbaadu walabummaa biyyasaa fi bilisummaa sabasaati. Deebii kana, afaan tokkoon, saalfii malee, firaa alagaaf kennuu ni dandeenyaa? Yoo deebiin 'eeyyee' ta'e waan tokkummaa keenya deebfinnee hin jabeeffanneef gonkumaa hin jiraatu.

Kanneen maqaa ABOn sosso'an hundi "Akeekin QBO ABOn geggeeffamuu maali inni?" gaaffiin jedhus ifatti deebi'suu qabu. Gara keenyaan, ABOn hireen murteeffannoo mirga saba Oromoo ta'u ni beeka, ni fudhatas. Hireen murteeffannoo meesha ittiin bakka tokko gahan malee bakka gahan sana miti. Kanaaf, dhaabin keenya ABOn "hiree murteeffannoo" jala hin dhokatu. Dhaabin keenya kan qabsaa'u biyya Oromoo walaba fi saba Oromoo bilisa argamsiisuuf. Murtii sabin Oromoo dhibbaa tokko malee murteeffatu ammo ni kabaja, Yeroo Oromoon hireesaa murteffachuu ga'ettillee ABOn kan saba Oromoo gorsu Oromia walaba ofiin bulu akka filatan ta'a. Ammallee, firattis ta'e alagaatti kana saalfii tokko malee hima. Kaayyoo kana irrattis saba ijaara. Kana irratti walii gallaa? Afaan qofaan osoo hin taane hojiinis mul'isuuf waadaa walii-gallaa? Yoo deebiin 'eeyyee' ta'e waan tokkummaa keenya deebfinnee hin jabeeffanneef gonkumaa hin jiraatu.

Kanneen “kaayyoon keenyas kanuma, garuu yoo akkas jennee ifatti dubbanne addunyaan nu hin dhagahu, nu hingargaaruus” jedhan yoo jiraatan, gaaffii isaaniif qabnna. Innis, “kan kanaan dura dhoksutaniif , addunyaan maal isin gargaaree? Amma hoo maal isin gargaaraa jiraa?” kan jedhu ta’a. Addunyaan nama saalfachaa mirgasaa gaafatuuf akka garaa laafina hin qabnne ammayyuu hin hubannee ittiin jetnna. Toofttaa dha; Addunyaa itti gowwomsina jedhanii tooftaa firaa fi alagaa afanffaajjessu qiyaasuun dhaabbachuu qaba! Alagaa ittiin gowwomsina jedhanii toofttaa Oromoo diina fi fira isaa walii-wallaalchusittii dhimma bahuun hafuu qaba! Kun yaalamee itti bahiinsa isaa arginee jirra. Itti bahiinsi isaa, saba keenya afanfaajjesse, Tokkummaa keenya diige, Irree keenya laaffise. Qabsoo keenya dadhabsiise, Addunyaa garuu nuuf hin dirmachiifnne. Wayyaanees hin qophxeessine. Qabsoo keenya boodatti deebise malee! Mootummootin dhihaa, yoo waan isaan dhagahuu fedhan itti himnne, waa nuu godhu jehdanii kan abjootan yoo jiraatan hirriba saanii irraa dammaquu qabu. Addunyaan nama kadhatuuf hin keenu; kan ija jabaatee falmatuuf malee!

Impaayera kana dimookraatessinee achi keessan mirga Oromoo argamsiisnna warri jedhanii yaadanis yoo jiraatan abjuusaanii kana irraa amma dammaquu qabu. Seenaa Impaayerichaa irraa baratuu qabu! Filannoo warra habashaa torbban dabree, kan Wayyaaneen barchuma caffee saanii 547 keessaa 499n mo’ee jettee himattu irraa baratuu qabu! Barcuma Oromiaf kenname jettu 178 hunda humnnaan fudhachuusee irraa baratuu qabu! Obboleeyyan keenya akeeka Itoophiyaa dimookraatessuuf biyya keessa bara dheeraaf sosso’aa jiran Oromoof maal buusan jedhaanii of gaafachuu qabu! Mootummaa wayyanee dimookraata’aa fakkeessuu irraa kan hafe bu’aa qabatamaa isaan Oromoof buusan jiraa? Jedhanii of gaafachuu qabu! Deggersi isaan saba Oromoo biraa qaban hoo, maal fakkaataa? Jedhaanii of gaafachuu qabu! Deebiin gaaffilee kanaa abjuu Itoophiyaa dimookraatessuu irraa isaan akka dammaqsu shakkii hin qabnnu.

Yaada kana sabboontota Oromoo gidduu facaasuun, yaada qabsaa’otaa faffacaasee. Tokkummaa keenya diige. Malee qabsoo keenya hin gargaarre. Nu hin jabeessine. Kana irraas barachuu qabu.

Yoo kana fi qabxiileen armaa olitti xuxxuqe irratti waliigalle, afaan qofaan osoo hin taane hojiinis mul’isuuf waadaa walii-galle, waan gargar nu baasu gonkumaa hin jiraatu.

Tokkummaa qabsaa’otaa amma laafee deebifnnee jabeessuu ni dandeenya! Irree cimaa kan saba keenyaa alagaa biratti kabajachiisu horachuu ni dandeenya! Diina irratti waliin xiyyeeffachuu ni dandeenya! Walabummaa biyya keenyaa fi bilisummaa saba keenyaa shaffisuu ni dandeenya!

Gara keenyaan ilaalchi nuti hunde jeequmsa mooraa QBO fi furmaata isaa irratti qabnnu jalqabaa hamma ammaatti hin jijjiiramnne. Hundeen isaa addaddummaa ilaalcha siyaasa ti furmaatin isaa ammo taa’anii haasa’uu fi kaayyo QBO tti deebi’uu dha.

Haala Haasaa Nagaa

Dhimma kana irratti yeroo dhihoo as mallattoolee hamlchiisoo tokko tokko argaa dhufuu keeya har’a gammachuu goddaanin isinitti hima. Murnoonni maqaa ABOn sosso’an hundi taa’anii haasa’anii rakkoo dhalatee furachuu malee filmaatin biraa akka hin jirre fudhatanii jiru. Fudhachuu qofaa osoo hin taa’anii mare jalqabanii jiru. Mareen kun, yeroo ammaatti sadarkaa addaddaa irratti argama.

Gara keenyan, mare kana irraa bu'aan barbaadinnu, fuula-duratti akka iraa of eeggachuu dandeenyuuf badii dabre irraa barachuu, hiikkaa kaayyoo ABO irratti yaada keenya wal-qixxeeffachuun araara buufnnee, tokkummaa qabsaa'ota deebisnnee ijaaruun, dhaaba keenya deebifnnee dhinsuu, jabeessuu fi humnneessuun diina irratti xiyyeeffannee bilisummaa sabin keenya hawwu shaffisuu dha.

Bakki amma irra jirru, murnna tokkoo wajjin hiikkaa kaayyoo ABO irratti yaada keenya wal-qixxeeffannee, waan debre irraas waan barannu irratti waliigallee jira. Fuula durattis waan sirreeffachuu qabnnu irratti waliigallee jirra. Kan nu hafu sagantaa hojii waliin baafachuu fi isa hojiitti hiikuu dha. Isaaf yeroo dhihootti xumuranna jennee abdanna.

Qaama lammataa wajjin ammo waan addaddaa (fkf: waan dabre irraa waan barannu) irratti yaada walqixxeeffachuu irratti gufuun nu qunnamee isa bira dabruuf hojjechaa jirra.

Nuti gara keenyaan, qabsaaota Oromoo kaayoo qabsichaa irratti ilaalchi keenya wal fakkaatu hunda wajjin caalaatti walitti-siqeenyaan hojjechuuf, dhaaba tokko fi hooggana tokko jalatti wal-gurmeessinee QBO shaffisuuf, tattaaffii goonu itti fufnna. Isinillee

Dhuma irratti dhamsi gara keenyaan hundumaaf qabnnu, addaddummaan ilaalcha siyaasaa yoo jiraatellee hundee keenya raasuu akka hin qabnne yeroo hunda akka yaadatamu. Hundeen keenya Oromummaa dha. Oromummaan hundee waan goonu hundaati. Yoo Oromummaan hin jirre kaayyoon hin jiru. Yoo Oromummmaan hin jirre Oromian hin jirttu. Kanaaf, yeroo ilaalcha siyaasa irratti wal dhabnnu, Ormummaa ha qusannu. Tumsa ahorachuuf jecha kutaa fi gandaan wal ijaaruun farra oromummaa ti. Ilaalcha irratti wal dhaban ittiin uukkmsuu fi dhoksuuf gandummaa fi naannummaa namatti maxxansuunis farra Oromummaa it.

Tokkummaan humnna!

Oromiyaan ni bilisoomtti!

Waan na dhaggeeffataniif galatoomaa!